# سُورَةُ التَّحْرِيمِ
# Suuraa Tahgriimaa

قبل كل شئ هذه السورة تسمي التحريم

*Dura dursoo suuran tun Suuratuttahgiim je'amti.

وهي سورة مدنية

* Isiin Suuraa Madiina'aati.

وآياتها ( ١٢ ) آية

*Aayaanni isi'ii khudha lama {12}

وترتيبها ( ٦٦ )

*Lakkooysi isi'ii jahaatamii jaha.

نزلت بعد سورة الحجرات

*Isiin eega Suuraa hujuraattii buute .

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

* Jalqabni Suuraa tanaa maqaa Rabbiitii

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad nageenyi sirratti haa jiraatuu .

لِمَ تُحَرِّمُ مَآ أَحَلَّ ٱللَّهُ لَكَ

*Maalif waan Rabbiin halaal siif godhe hgaraam ifirratti goota? maalif waan Rabbiin dalaguu siif geessiserraa if dhoowwita,wanni nabi Muhammad irraa if dhoowwe , kan Rabbiin maa irraa if dhoowwita je'een dayma, takkaa gabrittii isaanii tan mootin misraa isaanii erge tan maariyaa } je'amtu, isii ifirratti hgaraameyse .wa nni ifirratti hgaraameyseef : gaaf tokko jaartin nabii{ hafsaan }nabi Muhammad manatti dhiiftee warra isaanii ziyaaruu dhayxe.duuba hoggaa deebitu gabritti nabii maariyaa mana isi'itti agarte.hoggaa san hinaaftee booche.isiin boonyan nabi Muhammad, isii jaalachiisee , cal'isiisu'uu jecha , yaa hafsaa gabrittiidhan akkatti jaaladhu tana amma eegan narratti haraamii itti ida'amuu cal'ii je'een.ammas wanni ida'e , akkan an maariyaa ifirratti hgaraam godhe aa'isha'atti hin himin je'een. maalif isaan lamaan,gabrittii tanarraa hinaafuu turan .ammoo gabrittiin tun tan beera nabii hunda keessaa eega khadiija'aatii ilma isaanii ibraahiim dhalte duuba hafsaan kan nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu dubbii tana dhoysi,nam tokkotillee hin odeessin je'een, kaatii aa'isha'atti odeessite ,gammachiisu'uu jecha .hoggaa san nabi Muhammad aaree , beera isaa hundarraa hanga baatii takkaa khakhatee kophaa baye .duuba Rabbiin Nabi Muhammad, gabrittii ifirratti hgaraamessee , ifitti rakkise kanaa , rahgmata godhu'uu jecha, akki je'een yaa ergamaa kiyya , maalif waan Rabbiin sii geessisee , sii bal'ise , ifirratti hgaraam gootee ifitti rakkifta? .

تَبۡتَغِي مَرۡضَاتَ أَزۡوَٰجِكَۚ

*Waan Rabbiin hgalaal sii godhe ifirratti

hgaraameysu'uun jaalala beera keetii barbaaddaa? gabrittii tee maariyaa ifirratti hgaraameyssitee, gaafa mana hgafsa'atti itti ida'amte .Akka hgaf saan gammaddee siif araaramtuuf ifirratti hgaraameysitee .maal if? isii ifiratti hgaraameysita ? haa tayuu Rabbiin hgaraamaysuu san siif araa ramee, dhiifama sii godhee , beekhi .

وَٱللَّهُ غَفُورٞ رَّحِيمٞ ١

1}*Rabbiin kan namaafaraaramuu ,kan rahgmata namaaf godhu wanni nabiin dalge kun, dili'ii mitii, waan irra caalu dhiiuu, waan nabseen feetu dhiisu'uu.

قَدۡ فَرَضَ ٱللَّهُ لَكُمۡ

*Dhugumaan Rabbiin shari'aa isinii godheera isinii kaaye .

تَحِلَّةَ أَيۡمَٰنِكُمۡۚ

* Heera kakuu teessanirraa hiikkattaniin yoo waan kana hin dalaynu,takkaa ni dalayna, jettanii kakattan , duuba kakuu sanirraa deebi'uu feetan , akka itti dilii kakuu sanii jalaa baatan Rabbiin isiniif godhee jira.sun yakka kaku'uu baasu'uu sun kaffaaraa kaku'uutii .

وَٱللَّهُ مَوۡلَىٰكُمۡۖ

*Rabbiin ,aanaa keessani ,kan bakka rakkattan hundatti isinii dirmatee isin gargaaru. kan amriin teessan harka isaa jirtu

وَهُوَ ٱلۡعَلِيمُ ٱلۡحَكِيمُ ٢

2}*Rabbiin beekaa hikmaa qabuu waan gabroota isaatiftoltii beeku malee, waan biratti hin ajaju, waan gabroota isaati miidhaa beeku malee waan birarraa hin dhowwu .

وَإِذۡ أَسَرَّ ٱلنَّبِيُّ إِلَىٰ بَعۡضِ أَزۡوَٰجِهِۦ حَدِيثٗا

* Waan gaafa nabiyyiin, garii beera isatti waan dhoysaaa odeessin dubbadhaje'a Rabbiin. namni nabiin waan dhoysa'aa itti odeessan , beera isaanirraa {hafsaa} intala umari , sirriin isaan itti odeessan maariyaa ifirratti hgaraameysuu .takkaa dayma nyaatuu ifirratti hgaraameysuu. kan nam tokkottilleen himin je'een, ammas sirriin biraa tan isi'itti odeesse asaab abuu bakriifii , asaab umar khaliifaa islaamati tayan jechuuuni, isi'iin jechu'u haa gammaddu'uuf jecha.

فَلَمَّا نَبَّأَتۡ بِهِۦ

*Duuba hoggaa {hgafsaan} waan san aa'isha'atti odessitu dilii hin qabuu seetee

وَأَظۡهَرَهُ ٱللَّهُ عَلَيۡهِ

*Hoggasuma Rabbiin nabi Muhammad akka isiin odessite beysise .

عَرَّفَ بَعۡضَهُۥ

*Garii waan isiin odeessitee isi'ii himee sun maariyaa yookaa dayma ifirratti hgaraameysu'uu.

وَأَعۡرَضَ عَنۢ بَعۡضٖۖ

*Ammoo garii sirri'ii, kan isiitti odeessee

isiin aa'isha'atti odeessite nabiin hin odeessinee irraa cal'ise ,kabajaa isiidhatiif .ammallee akka sirriin sun, nama keessa hin facaanef .munaafiqoonni yoo dhagaye fitnaa kaasanii waanyumma'aaf { hasdi'iit}.

فَلَمَّا نَبَّأَهَا بِهِۦ
*Duuba garii waan isiin odeessitee itti odeessee maa odeessite je'ee komate komannaan .

قَالَتْ مَنْ أَنۢبَأَكَ هَٰذَا
*An Sirrii tee himee, eenyutu siin je'e jetteen:isiin waan aa'isha'arraa dhagaye seete

قَالَ نَبَّأَنِىَ ٱلْعَلِيمُ ٱلْخَبِيرُ ﴿٣﴾
3}*Jennaan Rabbii waa hunda keessa beeku, kan waa takka isarraa hin dhokanneetu naa odeesse.Rabbiitu naa hime je'een .hoggaa san beytee cal'ifte.duuba Rabbiin hgafsa'aafii aa'isha'aan akki je'e . .

إِن تَتُوبَآ إِلَى ٱللَّهِ
*Yoo tawbattanii gara Rabbii deebitan ni qeebalamtan .

فَقَدْ صَغَتْ قُلُوبُكُمَا
*Qalbiin teessan jallattee jirtii gara waan nabi Muhammad jibbuu jallattee jirtii sun inni maariyaa ifirratti hgaraameysuu isarraa, gammaduu keessanii, kanuma nabiinjibbu.sun jallinaa .yoo sanirraa deebitanii waan nabi jaalatu jaalattanii , waan inni jibbu jibbitan , ni qeebalamtan

وَإِن تَظَٰهَرَا عَلَيْهِ
*Ammoo yoo tawbatuu diddanii, nabitti moromu'uuf, walii tumsitanii wal gargaartan.

فَإِنَّ ٱللَّهَ هُوَ مَوْلَىٰهُ
*Rabbiin aanaa nabii , kan isaaftumsu , kan isa gargaaru .

وَجِبْرِيلُ
*Jibriilis tum sa isaati. Yookaa gola isaati.

وَصَٰلِحُ ٱلْمُؤْمِنِينَ
*Ammallee gaggarin warm Rabbitti amanee, hundi, gola isaati.isaan abuu bakriifii umriifii,aliyyii Rabbi isaanirraa haa jaalatuu.

وَٱلْمَلَٰٓئِكَةُ بَعْدَ ذَٰلِكَ
*Malaaykanis eega Rabbiifiijibriilii gagaarii mu'minaatii.

ظَهِيرٌ ﴿٤﴾
4} *Gola isin irratti isaa tumsanii beekaa

عَسَىٰ رَبُّهُۥٓ إِن طَلَّقَكُنَّ
*Rabbiin nabiif if qabee jira . akka yoo isin hunda hiike .

أَن يُبْدِلَهُۥٓ أَزْوَٰجًا خَيْرًا مِّنكُنَّ
*Beera isinirra caalu isaa kennu .

| | |
|---|---|
| *Dhalaa islaamaa tan dubbii Rabbiitifii, dubbii ergamaa isaa dhageessu . | مُسْلِمَٰتٍ |
| *Tan Rabbiifii rasuula isaa dhugo'o-ornsitu | مُّؤْمِنَٰتٍ |
| *Tan Ibaadaa Rabbii jabeessitu. | قَٰنِتَٰتٍ |
| *Tan badi'irraa deebitu . | تَٰٓئِبَٰتٍ |
| *Tan Rabbi gabbartu, tan isaaf gad jettu | عَٰبِدَٰتٍ |
| *Tan soomana heddommeessitu takkaa-yuu tan gara Rabbii deebitu ibaadaa hed-domeysu'uun | سَٰٓئِحَٰتٍ |
| *Beerafii . | ثَيِّبَٰتٍ |
| 5} * Du brallee isaaf kennaa beekaa | وَأَبْكَارًا ﴿٥﴾ |
| *Yaa warra waaqatti, Rabbitti amane dhugo'oomse. | يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ |
| *Lubbuu teessaniifii nama keessan eegaa , tiysaa. | قُوٓا۟ أَنفُسَكُمْ وَأَهْلِيكُمْ |
| *Ibidda qoraan isaa namaafii dhagaarraa, eegaa, ibaadaa Rabbirratti isaan itt isuu-dhan , irratti jabeessu'uun heera ahkaama, shari'aadhaa isaan barsiisu'uun, ibiddarraa eegaa .. | نَارًا وَقُودُهَا ٱلنَّاسُ وَٱلْحِجَارَةُ |
| *Ibidda sanirra malaaykaadhatu jira | عَلَيْهَا مَلَٰٓئِكَةٌ |
| *Malaaykaa Rahgmata namaan goone ta | غِلَاظٌ شِدَادٌ |

garaa jabaattu ta nama gubuun , akka nyaanni namatti mi'aayutti itti mi' aaya tan taligaa ibiddaatin akka Rabbiin fedhetti dhaabbattu.isaan lakkooysi isaanii khudha sagali.tuuta kudha saga! jechu'.

| | |
|---|---|
| *Isaan waan Rabbiin itti isaan ajaje dalag-anii ajaja isarraa hin maqan hin didan | لَّا يَعْصُونَ ٱللَّهَ مَآ أَمَرَهُمْ |
| 6}*Isaan waan itti ajajaman akkuma itti | وَيَفْعَلُونَ مَا يُؤْمَرُونَ ﴿٦﴾ |

ajajamanitti dalagan.wanni dalagaa sanerraa isaan dhoowwu hin jim rahg-mata namaa godhu'uufii, wanni biralleen, waan dallansu'urraa uum amaniif qalbiin isaanii namaan jiitu , kuffaarri hoggaa ibidda seenu wanni isaanin je'amu.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَا تَعۡتَذِرُواْ ٱلۡيَوۡمَ

*Yaa warra Rabbitti kafare morome ar'a uzrii hin himatinaa, dhiifama hin gaafatinaa .isin hin fayyaduu.

إِنَّمَا تُجۡزَوۡنَ مَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ۝٧

7}*Jazaan ar'a qunnamtan kun, waan ummata isin addunya'arratti dalaydanii dabarsitanii .

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Yaa warra Rabbitti amane

تُوبُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِ

*Gara Rabbii,Waaqqaa , deebi'aa waan dilii taye hundarraa.

تَوۡبَةٗ نَّصُوحًا

*Tawbaa qulqulluu,diibii qulqulluu dilii

Rabbirraa tawbatuun, xiqqaattuu guddattuu, sharxii sadii qabdi'
**tokkoffaa** : Dilii san dhiisuu.
**Lammaffaan** : maalifan dalage je'ee , sheenayuu
**Sadaffaan** : Amma eegu cubbuu sanitti hin deebi'uu yaaduu muratee ammo dilii namatti dalaganirraa tawbatuun, sharxii sadeen dabarsine sanirratti sharxii
**afraffa'aati :** ida'atti.sun:waan namarraa fuudhe san, dee bisuu yoo mijjaaye .yookaa dhiifama gaafatuu, tawban waajiba.

عَسَىٰ رَبُّكُمۡ أَن يُكَفِّرَ عَنكُمۡ سَيِّـَٔاتِكُمۡ

*Yoo akkasitti tawbattan , Rabbiin dilii tees san isiniif araarama.

وَيُدۡخِلَكُمۡ جَنَّٰتٖ

* Jannata hedduu is in seensisa .

تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ

*Jannata masnoo isaa jala lagootin olii gad yaatu

يَوۡمَ لَا يُخۡزِي ٱللَّهُ ٱلنَّبِيَّ

*Guyyaa Rabbiin ergamaa isaa hin xiqqeessine ibidda seensisu'uun .

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَعَهُۥۖ

*Guyyaa Rabbiin ,warra nabiyyii isaatin wajji amane fuula kuffaaraa duratti hin xiqqeessine, isaan guddisee darajaa isaanii ol fuudhuu malee .

نُورُهُمۡ يَسۡعَىٰ بَيۡنَ أَيۡدِيهِمۡ

*Mu'mina ifaan isaanii gaafas, fuula isaanii dura deemeti dukkana siraax isaanii ibsa.

وَبِأَيۡمَٰنِهِمۡ

*Ammallee ifaan isaanii gama mirga isa-

anitiin wajji jira gaafas ifaan mu'minaa akka ji'a halkan dukkanatti isaanii ibsa . duraa duuban .mirgaa bita'aan kan kuffaarri dukkana kee ssatti kukkufu , ormi mu'minaa kan nuurri takkaa ifaan isaanin marse siraaxirra yaa'an sun.

يَقُولُونَ رَبَّنَآ أَتۡمِمۡ لَنَا نُورَنَا

*Wanni Isaan je'an: yaa rabbi keenya ifaa keenya nuu guuti , hangajannata seennutti.wanni isaan akkas ka dhataniif, ifaa munaafiqaa kan duraa dhaame arganii , nurraa dhaamaa sodaatanii akka duraan dhaamne Rabbi kadhatan.hanga jannata seenanitti. ,

وَٱغۡفِرۡ لَنَآۖ

*Yaa Rabbi dilii teenya nuu araarami .

إِنَّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ ٨

8}*Ati waa hunda dandeessaa .wanni si dadhabsiisu hin jiruu .

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ جَٰهِدِ ٱلۡكُفَّارَ

*Yaa ergamaa kiyya kuffaaratti miya lolaatin duuli .

وَٱلۡمُنَٰفِقِينَ

* Ammoo munaafiqoota miya lolaatinii mitii .daliilafii ,ragaa iimaana tiin.itti duulii , jallinarraa deebisi. Wanni munaafiqa miya lolaatin ittin duullef isaantu afaanin islaamaye'eefi isa an akka islaamati jecha'aafi. nabiin miya lolaatin isaanin lolu'utti hin ajajamne.

وَٱغۡلُظۡ عَلَيۡهِمۡۚ

*Isaanitti jajjabeessi.ija hamtuu garsiisi afaan gaari'iifii garaa laafinaan, isaanin wajji hin deemin.isaan xiqqeessu'uufi, itti dallanu'uun wajji deemi.isaan xiqqeessu'uuf, humna isaanii cabsu'uuf.

وَمَأۡوَىٰهُمۡ جَهَنَّمُۖ

*Bakkeen kuffaari aakhira'atti qubatu

وَبِئۡسَ ٱلۡمَصِيرُ ٩

9}*Yaa hammeenya bakka isaan itti deebi'anii ormi islaamaa garii orma keenyatu , kuffaara keessa jiraa , aakhira'atti sababaa isaanitiin miidhamuu sodaannan , ormi kuffaaraa kan islaamaa keessaa fira qabu sababaa isaanitiin aakhira'atti fayyadamnaa kajeellan ,Rabbiin jara lachuufuu dubbii fakkeessee , dhiyeessee akki je'e .

ضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا لِّلَّذِينَ كَفَرُواْ

*Warra kafare kan tirri keenya kan islaamaa nu fayyadaa yaaduf, wanni Rabbiin fakkeesse.

ٱمۡرَأَتَ نُوحٖ وَٱمۡرَأَتَ لُوطٖۖ

*Jaartii nabi Nuuhgifii jaartii nabi Luuxi .

كَانَتَا تَحۡتَ عَبۡدَيۡنِ مِنۡ عِبَادِنَا صَٰلِحَيۡنِ

*Beerri lamaan sun, gabroota keenya gaggaarii lamaatu if jalaa qabaatuu ture .isaan nabi Nuuhgifii , nabi Luuxii .

فَخَانَتَاهُمَا

*Jaartin Nuuhg tan { waahilaa} Jearntu wanni ummata isi'iitin jettu nuuhg maraata'aa waan inni je'u hin dhagayinaa. ammoo jaartin luux keessummaa isa tti ummata badaa dhalaa dhii-

see dhiira barbaadu qajeelchiti.halkan ibidda bobeessu'uu guyyaa aara aarsu'uun kan inni keessummaa isaa isaanirraa dhoysu.

فَلَمْ يُغْنِيَا عَنْهُمَا مِنَ ٱللَّهِ شَيْـًٔا *Duuba nabi Nuuhgifii nabi luux waa takka azaaba Rabbii beera isaanii lamaan sanirraa hin deebifne .Nabiyyii tayuu isaanitiin wajji .

وَقِيلَ ٱدْخُلَا ٱلنَّارَ *Wanni beera lamaan saniin je'ame ibidda azaaba seenaa .

مَعَ ٱلدَّٰخِلِينَ ﴿١٠﴾ 10}*Warra ibidda seenun wajji namni isinii dirmatu hin jiruu.

وَضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلًا لِّلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ *Rabbii warra islaamaa kan firri isaanii kuffaara keessa jiru kan aakhira'atti nu rniidhanii sodaatuf wanni fakkeesse.

ٱمْرَأَتَ فِرْعَوْنَ إِذْ قَالَتْ *Jaartii fir'awnaa {aasiyaa } intala muzaahimi.isiin nabi Muusa'atti amannaan fir'awna jaarsi isi'ii ajjeesaa je'ee akkasitti ajjeefamte eega miidhaa jabduu miidhanii yookaa azaaba hamaa azaabee akki isii itti cunqursuu ture miila lamaanifii harka lamaan adda addaan mukatti hidhee dhifeeti aduu keessatti darbee dhagaa da aku'uu guddaa qoma isi'irra kaayee amanti'irraa deebi'i je'aan duuba hoggaa aduu keessatti dhiisanii biraa deeman malaaykan gaaddisa irra qabdi .booda keessa isiin diin isi'ii gad dhiisuu dinnaan dhagaa siidaa gu ddaa irra kaayaa je'ee ajajee , duuba hoggaa isaan dhagaa siidaa san irra kaayu'uuffidan wanni jettee Rabbi khadhatte .

رَبِّ ٱبْنِ لِى عِندَكَ بَيْتًا فِى ٱلْجَنَّةِ *Yaa Rabbiif biratti jannata keessatti mana naa jaan.

وَنَجِّنِى مِن فِرْعَوْنَ وَعَمَلِهِۦ * Fir'kgawnafii cunqursaa isaa jalaa najaa na baasi jette duuba Rabbiin mana jannata keessatti isi'ii jaare isii garsiise.

وَنَجِّنِى مِنَ ٱلْقَوْمِ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿١١﴾ 11}*Ammas akki jette: yaa rabbi ummata firkgawnaa warra nama cunqursu jalaa naga na baasi jettee khadhannaan Rabbiin isi'ii dirmatee ruuhgii isi'ii keessaa fuudhee jannata geessee kuffaarri dhagaa siidaa qaama lubbuun keessa hin jirrerra kaayee azaaba isaanii jalaa Rabbiin nagaya isii baase

وَمَرْيَمَ ٱبْنَتَ عِمْرَٰنَ *Ammas fakkii biraati Rabbiin warra amaneef fide.sun { maryam intala imraanii}.

ٱلَّتِىٓ أَحْصَنَتْ فَرْجَهَا *Tan saala isi'ii hgaraamirraa tiysite. Takkaa sharmuuxumma'arraa if eeyde .

| | |
|---|---|
| فَنَفَخْنَا فِيهِ مِن رُّوحِنَا | *Mormoo qoloo isi'iitti jibriil hafuura afuufee qilleensi sun saala isi'ii takkaa karaa biraati gadaamessa isi'ii gayee nabi iisaa ulfooyte |
| وَصَدَّقَتْ بِكَلِمَٰتِ رَبِّهَا | *Isiin tan diinaa Rabbii isi'ii dhugo'o-omsite tan Rabbitti amante jechu'u, |
| وَكُتُبِهِۦ | *Ammallee tan kitaaba Rabbiin buuse dhugo'oomsite. |
| وَكَانَتْ مِنَ ٱلْقَٰنِتِينَ ﴿١٢﴾ | 12}*Isiin warraa akkaan ibaadaa Rabbii heddornmeysurraayi, |